# سُورَةُ المَسَدِ
# Suuraa Masad

*Dura ,dursoo ,suuran tun {suuratulmasad} je'amti. قبل كل شئ هذه هي سورة المسد

*Isiin suuraa makkaati . وهي مكية

*Aayaanni isi'ii jaha {5}. وآياتها خمسة

*Lakkooysi ,isi'ii, dhibbaafii kudha tokko {111} وعددها مائة وأحد عشر

*Isiin eega suuraa {faatihaadhatii} buute. نزلت بعد الفاتحة

*Sababaan isiin buutef gaaf tokko nabi Muhammad ganama tulluu mandara makkaa keessa jirtuu tan safa je’amturra dhaabbatee warra makkatti lallabee bayaa, bayaa je`eenii, bayan, islaamafii kaafirrilleen, hoggaa isaan wal gayan, nabi Muhammad akki je`een; yaa warra makkaa, odoodhan diinatu gaara kana duubaa isinitti as jigu`utti jiraa eegadhaa isiniin je`ee na dhugo`oomsituu isaanin je`e, jennaanin eeyee, si dhugo`oomsina, ati nama kijibuu mitii je`aniin, jennaan dhagayaa je`een, an azaaba jabaa yoo kufri`irratti duutan mudattanan isin beysisee, akka amantan isin godhu`uuf, Rabbiin isinitti na ergee, akka azaaba san jalaa baatan, Rabbii dachi`ii samii uume , kan isin uumetti amanaa, ammoo yoo amanuu baattan guyyaa qiyaama`aa waa takka isiniin taruu beekhaa je`een, jennaan adeerri, yookaa abbeeran nabi Muhammad, kan matootii kuffaara makkarraa taye kan{abii lahab} je`amu, akki nabi Muhammadiin je`e; yaa Muhammad, badii tanaa jechaa walitti nu qabdii je`een, duuba hoggaa san Rabbiin suuraa tana buuse. سبب نزولها

*Maqaa Rabbii rahgmata hunda qabuutii. بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Harki abii lahab khasaarame wanni inni harka isaatin dalage hundi badde, تَبَّتۡ يَدَآ أَبِي لَهَبٖ

**1}***Inninis khasaarame, bade . وَتَبَّ ١

*Horiin isaa,waa takka azaabarraa ,isan duroomsine qixaaxa Rabbii jalaan baafne, مَآ أَغۡنَىٰ عَنۡهُ مَالُهُۥ

**2}***Ilmaan isalleen isan fayyanne. وَمَا كَسَبَ ٢

**3}***Inni ibidda belbelaa seenu`uu taa'a. سَيَصۡلَىٰ نَارٗا ذَاتَ لَهَبٖ ٣

وَٱمۡرَأَتُهُۥ حَمَّالَةَ ٱلۡحَطَبِ ﴿٤﴾

**4}***Namicha abii lahab je'amu san jaartin isaa ibidda inni seenu san seenti inumaa qoraan ibiddaa ba'atteeti, ibidda jaarsi isi`ii itti gubatu sanitti darbiti akka jaarsi isi`ii akka gaari`itti gubatuuf, maalif addunya`arratti karaa hama`arratti isa gargaaruu turtee, tanaaf guyyaa boruu isa gargaartee, azaaba itti idaati, takkaa jaartin badduun tun, islaamaa miidhuu keessa, mukha qore`ee guurtee ba`attee, karaa nabi Muhammad deemu keessa tuulti, akka hoggaa nabi Muhammad salaata subhiidhatiif deemu qoreen sun isaan garre, isa dirtu`uf jecha, duuba aakhiri`attis qoraan ifiin gubdu duddarratti ba`atu`uu jiraatti.

فِي جِيدِهَا حَبۡلٞ مِّن مَّسَدِۭ ﴿٥﴾

**5}***Kan morma isi`itti haanni liifaa hidhamu, masad {liifa} Takkaa masad jechuun haada ibidda jahannamirraa tolfame jechu', {jiid} jechuun: morma jechu`, duuba guyyaa qiyaama`aa haada sibiila ibiddaa, morma isi`itti hidhaniiti ibiddatti darbanii, haada saniin keessaa harkisanii, ammas itti deebisan, jaartii abii lahab tana maqaan isi`ii {arwaa binti harb} isiin mataa beera makkaati, duuba hoggaa suuran tun buutu lolteeti, mee Muhammadii qur`aanni irratti bu`ee na arrabse san na garsiisaa jettee, bakka nabi Muhammad taa`utti qajeelte, duuba sare'eefii joolle`eefii beera nama duuba jiruuf sodaatanii ,nabi Muhammadiifii abuu {bakrissiddiiq} ka`baa maddii tattaa`anii, hoggaa isiin itti as qajeeltu abuubakri, yaa rasuula Rabbii jaartin badduun dhuftee akkam taana je`een, jennaan nabi Muhammad na arguu hin dandeessuu hin sodaatin je`een,duuba hoggaa ciyaadhaa dhuftee, isaan gubbaa dhaabbattu, abuubakar qofti itti mul`atee, wanni jetteen: saahibni kee na arrabse je`anii mee eessa jira? Jennaanin, siifin kakadhaa inni sin arrabsine je`een, akkasitti if duuba deebite, kan nabi hin argin Rabbii irraa hijaabee.